# Roobbii Geengoo

**Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan dhugaa kun isiniif kennamaa jira:**

- ☐ **Sababni isaas isin ykn mucaan keessan roobbii geengoo tiin saaxilamuu dandeessu.**
- ☐ **Dhimma Odeeffannoo qofaaf.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Kan Waa'ee Roobbii Geengoo

### Roobbii geengoo jechuun maal jechuudha?

- Roobbiin geengoo girgiddaa fangasii Mayikirooisporimii Kaanis jedhamu irraa kan dhufudha.
- Infeekshinii fangasii beekamaa ta'ee fi gogaa qaama, miila ykn gogaa mataa irratti miidhaa geessisuu danda'uudha. Yeroo miilla irra taa'u "Miilla Atileetii" jedhama.
- Maqaan isaa akkas haa ta'u malee raammoo wajjin waan wal qabatu hin qabu. Maqaa kana keessatti jechi "geengoo" jedhu kan dhufe citaa geengoo kan akka geengoo bocame irraati.

### Eenyuutu qabamuu danda'a?

- Namni kamiyyuu roobbii geengoo tiin qabamuu danda'a.
- Roobbiin geengoo baay'inaan daa'imman waggaa 3 hanga 9 ta'an irratti mul'ata.

### Mallattooleen dhukkuba kanaa maali?

- Roobbiin geengoo qaama irratti argamu gogaa irratti bakka xiqqaa, geengoo, diimaa ta'ee fi guddinaan guddatu ta'ee jalqaba.
  - Akkuma guddina baaqelaa irraa gara saantimaatti guddachaa deemuun walakkeessi isaa qulqullaa'ee geengoo fakkaachuu jalqaba.
  - Qarqarri geengoo diimaa yoo ta'u goggogaa fi citaa ykn jiidha fi citaa ta'uu danda'a.
  - Yeroo baay'ee shiifittaan sun diimaa fi kan hoqsisuudha.
- Yeroo roobbiin geengoo mataa irratti argamu:
  - rifeensi dhukkuba kanaan qabame salphaatti cituu danda'a.
  - mooluun gogaa qabus uumamuu danda'a.
  - naannoowwan tuqaa keelloo qaban yeroo tokko-tokko ni uumamu.
- Yeroo miilla irra ta'u gogaan quba miila gidduu jiru caccabuu ykn gogaan ni mul'ata.

### Akkamitti tatamsa'a?

- Fangasiin raammoogeengoo fidu babal'achuu kan danda'u:
  - yeroo namni tokko shiftii nama roobbiin geengoo qabu tuquu.
  - bakka jiidhina qabu kan akka dhiqannaa ummataa ykn lafa kutaa uffannaa fangasii kana qabu tuquudhaan.
  - meeshaalee dhuunfaa kan akka filaa, kophee, uffata ykn fooxaa namni roobbiin geengoo qabu itti fayyadame waliif qooduudhaan.
  - saree, adurree fi bineensota biroo kanneen roobbiin geengoo qaban tuqudhaa.
  - baay'ee ta'uu baatus, biyyee fangasii of keessaa qabu tuquun boodas babal'achuu danda'a.

## Mucaan Koo Roobbiin Geengoo Qabachuu Akkamittan Beeka?

**Mucaan keessan mallattoolee Roobbiin geengoo yoo qabaate ogeessa fayyaatiin ilaalamuu qaba.**

- Yeroo baayyee ogeessi fayyaa bifa gogaa irratti hundaa'uun roobbiin geengoo adda ni baasa.
- Qorannoo gogaa irraa cite fudhachuun maaykirooskooppii jalatti ilaaluun ykn saamuda gara mana yaalaa erguun qoratamuun mirkanaa'uu danda'a.

**Gaaffii dabalataa yoo qabaattan ykn daa'imni keessan Roobbiin geengoo qabaachuu danda'a jettanii yaaddoo yoo qabaattan, ogeessa fayyaa keessan qunnamaa. Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

## Yoo Mucaan Koo Roobbii Geengoo Qabaate Hoo?

**Yoo daa'imni keessan roobbiin geengoo qabaate hatattamaan kunuunsituu daa'ima keessanii ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

### Roobbiin geengoo akkamitti yaalama?

- Wal'aansi roobbii geengoo ajaja ogeessa fayyaa malee fi ajaja ogeessa fayyaatiin bitamuu danda'a. **Gorsa wal'aansaaf ogeessa fayyaa kee waliin mari'adhu.**
- Infeekshiniin roobbii geengoo yaalaan illee qulqullaa'uuf torban hedduu fudhachuu danda'a.
- Wal'aansa dafanii dhaabuun roonbbin geengoo akka deebi'u fi wal'aanuun akka rakkisu gochuu waan danda'uuf qajeelfama qaphxii ykn barreeffama ajaja ogeessa fayyaa irratti barreeffame hordofuun barbaachisaa dha.

### Roobbiin geengoo akkamittan akka hin babal'anne gargaaruu danda'a?

- Bakka dhukkuba kanaan qabame carqii ykn uffata golguu.
- Gogaa qulqulluu fi gogaa taasisuu.
- Fangasiin kun yeroo dheeraaf, yeroo tokko-tokko hanga ji'a 18tti wantoota irratti jiraachuu waan danda'uuf:
  - bakka akka kutaa uffannaa ykn dhiqannaa ummataa miilla qullaa deemuu dhiisuu. Qooda kanaa, mana jireenyaa, kutaa uffannaa fi bakka daakaatti shabaxee ykn kophee uffadhaa.
  - golgee manaa dhiquudhaan qulqulleessuu.
  - mana keessaa duwwaa gochuu, kunis rifeensa bineensota manaa fi gogaa ciccitaa dhukkuba kanaan qabamuu danda'u balleessuuf gargaara.
  - guyyaa hundumaa ansoolaa, uffata fi uffata hirribaa miccuu. Bishaan ho'aa keessatti miccuudhaan qilleensa 'ho'aa' keessatti gogsaa.
  - uffata, haalluu, barcuma, buruushiin rifeensa, kophee ykn meeshaalee dhuunfaa biroo namoota raammoo geengoo qaban waliin hin qoodinaa.
- Kutaawwan qilleensa gaarii akka qabaatan gochuu. Yeroo hunda foddaa banaa.
- Bineensota manaa ykn bineensota erga tuqxanii booda harka akka gaariitti dhiqachuu. Bineensota manaa infekshinii roobibi geengoo qabaachuu danda'an gara ogeessa beeyladaa geessu.

## Daa'imni Koo Kunuunsa Daa'imaa Irraa Mana Turuu Ni Barbaachisaa?

**Eeyyee.** Akka American Academy of Pediatrics (Akkaadaamiin Daa'immanii Ameerikaa) jedhutti daa'imman roobbii geengoo qaban erga wal'aansa jalqabanii booda gara kunuunsa daa'immaniitti deebi'uu danda'u.

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa'ima keessanii hordofaa.**

---

**Wabiiwwan**

American Academy of Pediatrics

- Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 6th Edition. Pages 161-1562

Centers for Disease Control & Prevention

- Ringworm website: https://www.cdc.gov/fungal/diseases/ringworm/index.html